The Seattle Public Library

Barruun kun qabeenyumman isaa kan: ____________________

Ibsawwan maqaa dhuunfaa koo: ____________________

# WHAT'S your story?

2021 Summer of Learning

**Baga nagaan gara barnoota gannaa (Summer of Learning) dhuftan!** Seenaawwan keessan BARBABADUUF, UUMUUF fi QOODUUF hiriyootaa fi maatii kessan waliin hojjedhaa! Yaada kessan fayyadamaa akaksumas tartiiba isn jaallattan kamiiniyyuu itti galaa. Faawundeeshiinii Mana Kitaabaa Seattle (Seattle Public Library Foundation) fi arjoomtonni isaanii barnoota gannaa waan deeggartanii isin galateeffanna.

**www.spl.org/SummerOfLearning • #SPLSummer2021**


@SeattlePublicLibrary @SeattlePublicLibrary @SPLBuzz

# Seenaa KEESSAN barbababaduu

Waa'ee ijoolummaa isaanii jaarsota gaafadhaa, senaa jaallattan nama maatii keessa keessa jiru tokkoof dubbisaa, yookan wantoota haaraa hiriyoota kessan waliin barbababadaa.

EXPLORE your story

2021 Summer of Learning



@ArtBreakerBT

## ✦ Halkan Baay'ee Ifaa Ta'e ✦

Urjiiwwan lakkaa'uu ni dandeessuu? Samii halkanii ilaalaa akkasumas urjiiwwan hanga dandeessan lakaka'aa. Lakkaa'uun yoo isin harkaa bade yookan yoo dadhabdan tokkoon tokkoon urjii samii halkaniitiin hangam akka ifaa fi miidhagina dabalan yaadaa. Addunyaatti miidhagina dabaluuf wantota gochuu fi dubbachuu dandeessan lama yookan sadi barreessaa. Yaadadhaa hangi gocha keessanii bal'aa ta'us ifa dabaluu fi garaagarummaa uumuu ni dandessu!

## Ogummaa qopoduu

Hiddawwan dhalootaa durii keenya jaarsole keenyatti ogummaa isaanii nuuf kennaniiru. Jireenya gaarii jiraachuu irratti namoota garaagaraa umriin isin irraa hangafa ta'an lama gaafadhaa. Gorsa isaanii asitti barreessaa. Amma jaarsota jireenya keessan keessa jiraniis gorsa tokko barreessaa akkasumas isaaniif qoodaa.

## Jechamawwan abaaboo

Abaaboowwan ganna eessa akka dhaqan akkasumas maaliif akka birraa irra mul'atan dinqisiifattanii beektuu? Waa'ee isaanii seenaa hojjedhaa.

## Miira akka uumamaatti nama dhagahama

Guyyaa ho'aa irratti miila qullaa kessan marga irra kaa'aa akkasumas daqiiqaa lamaaf ija kessan cunuunfadhaa erga ija keessan banattii booddee wanta intti dhagahame barressaa. Tasgabbooftanii? Sooddattanii? Humna argattanii?

## Seenaa Keessan

Namoonni hedduun Seattle keessan jiran addunyaa guutuu irraa dhufu. Muraasni isaanii dhaloota hedduuf yookan waggoota kumaatamaaf as turan. Hiddi dhaloota kessanii eessaa? Namoonni keessan bakka amma isin jirtan gahuuf karaalee isaan irra baqatan imala addunyaa guutuu yookan kaaba lixa Paasifikii ta'uu isaa argachuuf miseensa maatii keessan waliin hojjedhaa. Daandii kana akka kaartaatti fakkii kaasaa yookan akka seenaatti barreessaa.

Waa'ee seenaa ollummaawwan hedduu Seattle qajeelcha argannaa kana keessatti ;"Explore Seattle Neighborhood History"; (Seenaa Ollummaa Seattle Argadhaa) caalatti argadhaa!

**www.spl.org/SeattleNeighborhoodHistory**

# Seenaa KEESSAN uumaa

Yaada sammuu keessanii fayyadamaa akkasumas ganna kana hojii ogummaa ofii keessanii uumaa. Seenaa keessan himuuf yoo onne keessanitti dubbattan ogummaa gosa kamiyyuu shubbisa, walaloo, hojii suphee fayyadamuu ni dandeessu.

CREATE your story

2021 Summer of Learning

## Uumamaan ol

Addunyaa iddoo fooyya'aa taasisuuf humna ol'aanaa tokko filachuu yoo qabaattan maal innii? Maal jijjiirtu akkasumas maaliif?

## Gammaachuu keessaa

**"Ana keessa gammachuutu jira. Gmamachuu gadi fagootti ana keessaa jiru. Kan akka aiaafaa fi ho'atti ana keesatti guddatu." Zetta Elliott, maxxansaa**

Gammachuu isin keesa jiru baasaa yookan tarreessaa. namoota, iddoowwan, wantoota fi abjuuwwan gammachuu isiniif fidan dabalaa. Qabachuun eessattiyyuu fuudhaa deemaa.



@_AXSM

## Ani

**Bakkeewwan duwwaa guutuun walaloo "Ana" jedhu barreessaa:**

Ani: ____________________
(yeroo filatamaa guyyaa)

Ani: ____________________
(hawaasa isin keessa jiraattan)

Ani: ____________________
(beellada filatamaa fi maaliif akka ta'e)

Ani: ____________________
(wanta isin jaallatan kan amma arguu dandeessan)

Ani: ____________________
(kitaaba filatama dubbistan)

# Seenaa KEESSAN qoodaa

Seenaa jechootaan, suuraan,bifaan, shubbisaa fi kan birootiin uumuuf karaalee hedduutu jira. Kanaafuu gammadaa akkasumas seenaawwan keessan maatii, hiriyoota, fi olloota keessaniif qoodaa!

SHARE your story

2021 Summer of Learning



@Maese.Art.By.Eileen.Jimenez

## Ruuziin baay'ee gaariidha!

Namni hundi ruuzii ni jaallata! Nyaatawwan addunyaa guutuutti jaallataman keessa tokkodha. Aadaan hundi – maatiin hundi– hubboowwan addaa, qajeelfamoota addaa ntaata ittiin qopheessan, akkasumas dhandhamaa fi foolii akkasumas mi'eessituu filatama ofii wan qabu fakkaaata. Jireenya keessan keessatti bilcheessawan keessaa tokko gaafadhaa: Ruuzii akkamitti hojjettu akkasumas akkamitti soorattu? Battalumatti? Keelloo? Qullubbii Adii? Biqiltuu foolii gaarii qabu? Kan dhadhaa qabu? Ruuzii Hindii? Bineensa? Argannoowwan keessan fakkii kaasaa tookan barreessaa akkasumas qajeelfamoota nyaata ittiin qopheessan wal dorgomsiisuuf hiriyaa maatiin ala ta'eef qoodaa!

## Iddoo taphaa 2000

Iddoo taphaa GAARII ijaruu yoo dandeessan maal fakkaataa? Hiriyoota keessan waliin walqunnamaa, iddoo taphaa abjuu keessanii diizaayini gochuu fi fakkii kaasumas akkasumas yaadota keessan waliif qoodaa.

## Galatoomaa, Jaallee

Hiriyaa gaarii keessaniif yookan nama filatttaniif xaalayaa bartreessaa akkasumas maalii akka isaan hiriyaa gaarii yookan nama filannoo keessanii ta'an itti himaa.

Burke daawwadhaa! Daawwattoota Muuziyeemii Burke tiif tikeetiiwwan yroon dura qabaman – miseensota Burke, qabattootaa konkolaataa Yuunivarsitii Washington (University of Washington) (UW), fi daa'imman umrii waggaa (3) fi kana gadii dabalatee addan fageenya qaamaa eeguu fi muziyemii keessatti hanga dandeettii hoogganuuf. Tikeetiiwwan imeeliin qabachuuf daawwannaa keessan duratti muuziyeemii Burke qunnamaa burkevis@uw.edu yookan lakk. 206-616-8616'tiin bilbilaa. Guyya daawwattanitti maaloo tikeettii, maxxansa barnoota gannaa fi golgawwan afaanii fi funyaanii tokkoon tokkoon nama garee keessan keessa jiruutiif fidaa. Dargaggoota lamaa fi daa'imman afuriif Adoolessa 1 hanga Muddee 31, 2021'tti bilisaan galmaa'uun ni jira. Wanti dhiyaatu kun hir'isa biroo kamiiyyuu waliin yookan sagantaalee garee saganteeffamaniitiif walitti hidhachuu hin danda'u.